# Talaalliiwwan humneessituun erga nu barbaachisu ta'anii namoonni maaliif talaallii COVID-19 fudhachuu qabu?

## BARREEFFAMA

[muuuziqaa ce’umsaa]

[Seenessa]

Talaalliin ittisa hunda caalu kan nuti COVID-19 ittiin ofirraa ittisnudha. Talaalliiwwan jiran keessumaa dhibee hamaa fi du'a irraa ittisuuf ittisa cimaa kennu.

Talaalliin kun tatamsa'ina vaayirasichaa hir'isuudhaan hawaasa keessan gargaaruu ni danda'a. Kun namoota hanga ammaatti talaalamuu hin dandeenye ykn namoota talaallichaaf deebii hin kennine irraa ni ittisa.

Talaalliiwwan kunniin akaakuuwwan vaayirasichaa nuti har'a argaa jirru irraa ittisuuf bu'a-qabeeyyiidha--garuu dhibee haaraa hundi vaayirasichaaf carraa bifa jijijjiirrachuu dabalataa fi talaalliiwwan kana jalaa miliquu kennaaf.

Talaalliiwwan humneessituun COVID-19, akkuma talaalliiwwan humneessituu talaalliiwwan biroo, vaayirasicha irraa ittisuuf ittisa sadarkaa guddaa argachuuf isin gargaaru.

Ittisa jalqabaa sana argachuun garuu amma iyyuu baay'ee barbaachisaadha.

Hanga ammaatti hin talaalamne yoo taatan, yeroon isaa amma. Dhiyeessa naannoo keessanii argachuuf vaccines.org ilaalaa.

[muuuziqaa ce’umsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

10/6/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraan argachuuf, kana irratti bilbilaa: 651-201-4989.*